**Ayyaanni Amajjii fi guyyaan WBO Nairobitti Gamtaan Kabajame!**

**(Madda Oduu ABO, MOA, Nairobi, Kenya, 04 January 2010)**Ayyaanni Amajjiifi Guyyaan WBO bakka ummati hedduu argametti sirna hooa'aadhaan Amajjjii 02, 2010 Naayiroobii Keeniyaa keessatti kabajamee ooluun gabaasame.



MOAn Naayiroobii irraa akka gabaasetti Ayyaanoti dachaa qabsoo bilisummaa Oromoo kun bakka ummati Oromoo hedduun, meseensoti dhaabaa fi deeggartooti akkasumas firoottan qabsoo bilisummaa Oromoo argamanitti gamataaan kabajame.



Ayyaanni gamtaan qabsaa'ota saboota biroo irratti deebisamee haaromsame kun akkuma aadaa Oromootti eebba manguddootiin erga eegalee booda, jaarsoleen dungoo qabsiisuun dargaggoota Oromoofi dargaggoota Ogaadeniyaatti imaanaa qabsoo kennaniiru.



Ayyaana Amajjii faaruu tokkummaatiin dabaalame kana irratti Galmi Tokkummaa Oromoo-GTO- dhaamsa dabarseen ummati Oromoo akkuma kanaan duraatti tokkummaa isaa cimsatee, qabsoo bilisummaa eegalame cichoominaan akka furgaasu hubachiise.

Galmi Tokkumaa Oromoo(GTO) dhamsaa waliigalaa Oromoo hundaaf dabarse keessattis, tokkummaan Oromoofi qabsaa'otaa jabaachuun bara bittaa garboonfataa kan gabaabsa waan ta'eef, jaarmiyoti Oromoo cufti waaltaa waliigaltee qabsoo Oromoo-Oromummaafi Bilisummaa-irratti walta'anii akka hojjatan jabeessee dhaamee jira.

Kana malees, ummati Oromoo bara bittaa garboonfattootaa gabaabasuuf cunqurfamtoota addaddaa waliin harka walqabatanii qabsoo bilisummaa akka hangaasan illee GTO dhaamee jira.

Dhaamsi dhaaba ABO damee konyaa Naaroobiitiin dhiyaates, ummati Oromoo tokkummaa isaa jabeeffatee qabsoo bilisummaa eegale daran finiinsuufi haallen mijjaa'oo ta'an maratti fayyadamuuf of qopheessee akka socho'u hubachiisee jira.

Itti aansuun bakaa bu`a Adda Bilisummaa Saba Ogaadeniyaatiin-ONLF dhaamsi darbe ummati Oromoofi Sabni Ogaadeniyaa dhiittaafi roorraa walfakkaataa keessatti argamuu isaanii yaadachiisee, hawaasti gama lachuun jiru walta'ee duula waraanaafi dipiloomaasii akka finiinsu, gamtaadhaanis bittaa roorroo akka ofirraa kaasuu yaamicha godhee jira.

Ummati Oromoofi Ogaadeniyaa, amma illee waantota naannoo isaaniitti tata'an mara hordofee tarkaanfii malchiisu waloon akka fudhatan kan hubachiise, dhaabsi ABSO kun, duula waraanaafi duula nagaa bakkayyuutti adeemsisamu mara irratti bal'inaan hirmaatanii akka hojjatan illee waamicha dabarsee jira.

Ayyaana kana irratti baandiin Eenyummaa sirboota warraaqsaan ummataa kan dadamaqse yoo ta'u, diraamaan "Baqattummaa" jedhu kan jireenya baqattummaa irratti xiyyeeffates miseensotuma baandii Eenyummaatiin dhiyaatee jira.

Ayyaana guyyaa WBO fi bara haarayaa 2010 kun yeroo kam irrayyuu sirna adda ta'een kabajamee ooluu isaa kan ibse gabaasaan MOA, ayyaana kanas yeroo kaan irraa wanti adda godhu heddumina ummataa fi miseensa koree jidduu fi hawaasa Ogaaden akkasumas miseensonni Adda Bilisabaasaa Gaambeellaa argamuun deeggarsa qabsoo bilisummaaf qaban mu'isuu isaanii ta'uu beeksisee jira.




Galmi Tokkummaa Oromoo (GTO) T-shartii Alaabaa OLF fi ONLF qabu, kan "unity is strength," jedhuu fi barruulee **DUNGOO** lakk 2ffaa maxxansiisee kan dhiyeesse ta'uu illee gabaasaan kun dabalee hubachiisee jira.




Suuraalee dabalataaf: http://picasaweb.google.com/tokkummaa9